

**Walitti Dhufeenyi Gaarii Miseensota Maatii
Gidduu Jiru Milkaa'ana Guddina
Daa'immaniif**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

Bara 2012

Qajeelfama Waliigalaa Leenjichaa

Kaayyoon ijoon leenjichaa dhuma leenjichaatti warri/guddistoonni walitti dhufeenyi gaariin miseensota maatii gidduu jiru milkaa'ina guddina daa'immaniif akka gargaaruuf maal gochuu akka qaban nihubatu.

Hirmaattota Leenichaa

Hirmaattota leenjichaa ta'u jedhamanii kan eegaman barsiisota, hojjattoota dhaabbilee daa'imman kunuunsan keessa hojjatan, akkasumas maatiifi guddistootadha.

Marii yeroo darbee keesa deebi'uu

Eegala leenjii hundaarratti hirmaattonni lama filatamuudhaan yaadota ijoo leenjii darberratti baratan akka irra deebi'anii himaniif leenjistootaan/maristootaan nifilatamu. Fakkeenyaaf,

- Yeroo darbe wantoonni nuti irratti mariyanne maalfaadha?
- Mataduree yeroo darbe irratti mariyanneen walqabatee mana keessan keessatti ijoollee /maatii keessan waliin maalfaa raawwattan? Rakkoon isin mudate jiraa?
- Barumsa yeroo darbe barattan olla keessaniif qooddaniittuu?

Madaallii leenjii duraafi leenjii boodaa

Gocha leenjii yeroo darbee yaadachiisuuf raawwatamutti aansee leenjiin guyyichaa osoo hineegaliin dura hirmaattotaaf madalliin leenjii duraa ni kennama. Beekumsa leenjicharraa argatan madaaluuf immoo dhuma tokkoo tokkoo leenjiirratti madaalliin leenjii boodaa ni kennama

Dambiiwwan Waliigalaa Leenjii

Mariisistoon gaafa jalqaba leenjichaa dambiiwwan leenjii armaan gadii hirmaattota beeksisa?

- Akkaataan taa'umsa leenjifamtootaa walakkaa geengoo yoo ta'e filatamaa ta'uu isaa beeksisuu.
- Mariyachiisaafi hirmaattonni walbaruu
- Yeroon argamuuyeroo leenjii bilbila mobayilii cufuu/sagalee maleessa gochuu.
- Tokko tokkoo wayitii leenjiirratti argamuu

- Dammaqinaan hirmaachu
- Yaada namoota biroo kabajuu
- Guyyaa hunda jalqaba leenjiirratti hirmaattota keessa namoota lama waa'ee barumsa darbe baratan irra deebi'anii yaadachiisan filachuu, daqiiqaa 5 yeroo itti dhiessii ta'uu isaa murteessuu.
- Iddoo leenichaa mijeessuu; guyyaa hunda jalqaba leenjiirratti qindeessitoonni leenjichaa daqiiqaa kudhaniif iddoo leenichaa nimijeessu.o'attoota filachuu.

Meeshaalee leenjiif barbaachisan

- Kitaabilee seenaa ykn oduu duriifi fakkiiwwan umrii daa'immaniin walsimee qophaa'an
- LCD piroojektariifi kompuutara (yoo danda'ame)
- Gabatee qulqulluu irratti barreessan /Filiip-chaartii)
- Maarkarii
- Kobbefi dabtara yaadannoo
- Barruulee

Xumura tokkoo tokkoo leenjiirratti mariistoanni/leenistoanni yaadannoo qabachuu qabu.

Xumura tokkoo tokkoo leenjiirratti mariyachiisaan adeemsa marichaa ilaalchisee yaadannoo akka qabatutu irraa eegama. Qophii marichaaf taasifaman keessatti yookiin adeemsa marii keessatti yaadota adda ba'aniifi boqonnaa kana keessatti hammatamuu ykn yaadota irra deebiin ilaalamuu qaban ilaalchisee yaadannoorratti qabachuun nibarbaachisa. Yaadonni ijoo ta'an kunniinis gara fuulduraatti sanadicha caalaatti fooyyessuufi gabbisuuf gargaara.

Walitti dhufeenyi gaariin miseensota maatii gidduu jiru milkaa'ina guddina daa'immaniif

Leenjiin kun walitti dhufeenya miseensota maatii gidduu jiru gaarii ta'uun milkaa'ina guddina daa'immaniif akkamitti akka gargaaru odeeffannoo bu'uura ta'an barsiisa.

Sagantaa Raawwii

<i>Qabiyyee</i>	<i>Mala baruu-barsiisuu</i>	<i>Sa'ati</i>
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15
Kaayyoo leenjichaa	Duubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 4
Walitti dhufeenya gaarii maati fi faayidaa inni guddina daa'immaniif qabu.	Gaaffii, deebiifi ibsa	Daqiiqaa 50
Maatiin haala kamiin walitti dhufeenya gaarii maatii dagaagsuu danda'u.	Gaaffii, deebiifi ibsa	Daqiiqaa 50
Ergaawwan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 20
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

Kutaa tokko: Walitti dhufeenyi gaariin maatii gidduu jiraachuu faayidaa inni guddina daa'immaniif qabu

Marichaaf yeroo ramadame daqiiqaa soddoma

Kaayyoo marichaa

- Xumura marichaarratti hirmaattonni walitti dhufeenyi maatii gaarii ta'e faayidaa inni guddina daa'immaniif qabu nihubatu.

Maatiin Maali?

Maatiin kan mana tokko keessa jiraatan walitti qabama namoottaati. Daa'imman fayyummaan itti dhaga'amuun, soda irraa bilisa ta'uufi fedhii waa beekuuf qaban ga'umsaan itti fayyadamuun bilchina sammuufti ogummaawan hawaasummaa kan ittiin gabbifatan manni barnootaa inni jalabaa maatiidha.

Mariyachiisaa

Maatii jechuun maal jechuu akka ta'e ibsaafii

Maatiin eenyu fa'iin hundeeffama?

- Maatiin tokko irra caalaatti haadhaan, abbaafi ijoolleedhaan hundeeffama.
- Kana malees, maatiin wasiila (abbeera) ykn adaadaa, akkaakayyuu (akkawoo) kan firootan biroo dabalachuu nidanda'a.
- Warri addaan ba'anii jiru taanaan maatiin maatii keessaa tokkichaafi ijoolleedhaan kan ijaaramu ta'a.
- Darbee darbee warri lachuu yoo du'ani ykn yoo godaananiifi firri dhiyoo kan hinjirre yoo ta'e maatiin ijoollee qofaan kan hundeeffame ta'e.
- Guddistoota tola ooltota ta'aniin ykn dhaabbilee guddistoota daa'immanii keessattis maatiin hundeeffamu nijiraata.

Mariyachiisaa

Yeroo hedduu akkuma beekamu maatiin haadhaafi abbaa akkasumas ijoollee of keessatti hammata. Biyya keenyaafi biyyoota guddataa jiran biroo keessatti akka mul'atutti maatii keessatti wasiilli ykn adaadaan, akaakayyuu/akkaabo ykn firoomni dhiyoo biroon waliin jiraachuun carraa maatiin itti hundeeffamu baay'eedha. Yommuu warri sababa gargaaraatiin hinjiraanne firoomni biroon akaakayyuun, wasiilii, adaadaan, obboleewwan ijoolleeni guddisu. Yeroo tokko tokko immoo warri lamaanuu yoo du'an ijoolleen qofaa isaanii hafu. Maatiinis ijoollee sanneen qofaan hundeeffama. Mudannoo akkasii keessatti ijoollee gurguddoon ijoollee xixiqqoo guddisu.

Firri foonii dhiyoon yoo hinjiraanne, ijoolleen guddistoota tola ooltota ta'aniin ykn maatii dhaabbilee guddisa daa'immanii keessatti hundeeffamu keessatti guddachuu danda'u.

Walitti dhufeenyi gaarii maatii gidduu jiru maali?

Walitti dhufeenyi gaariin maatii gidduu jira kan jedhamu miseensota maatii gidduu iftoominni, waliif yaaduun, walkabajuu fi wal kunuunsuun yoo jiraatedha. Walitti dhufeenyi gaarii miseensota maatii gidduu jiru keessatti tokkoon tokkoo miseensa maatii gammachuu qaba. Miseensota maatii gidduu garaagarummaan yaadaa ykn komiin yoo uumame walitti bu'iinsa tokko malee iftoominaan ykn human osoo hinfayyadamiin hiriyyummaafi miira ijaarsaatiin marii taasisuun fala barbaaduun ibsituu walitti dhufeenya gaariiti.

Mariyachiisaa

Akkana jechuun hubachiisaa:

Walitti dhufeenya waliinii gaarii ta'e keessatti iftoominni barbaachisaadha. Yeroo kamiyyuu namoota gidduutti garaagarummaan fedhii ykn yaadaa akkasumas komiin nijiraatu. Haata'u mlaee, garaagarummaa yaadaa ykn fedhii akkasumas komii iftoominaan, utuu wal hinjibbiin ykn humnaan osoo hintaane hiriyyummaafi miira ijaarsaatiin marii taasisuudhaan fala barbaaduun ibsituu walitti dhufeenya gaariiti. Mana walitti dhufeenyi gaariin jiru keessatti namoonni yeroo isaanii tokkummaan dabarsu.

Walitti dhufeenya gaarii maatii gidduu jiru keessatti amaloonni armaan gadii nicalaqqisu:

- Ijoollee isaaniiif jaalala agarsiisuun, guyyaa hunda jajjabeessuun akkasumas qulqullina isaanii eeguudhaan, soorata seeraan kennuun, yeroo hunda hirriba gaarii qabaachuu isaanii ni mirkaneessu.
- Ijoollee isaanii waliin dudubbachuuf, dhaggeeffachuufi seenaa itti himuuf yeroo kennu. Maatii gaarii keessatti warri ijoollee sirreessuuf adabbii qaaamaa hinfayyadaman. Jalqabumarraa kaasanii ijoollee kallatti qabsiisuun hoggansa cimaa ta'een hordoffii taasisuun ijoolleen amala badda akka hinqabaanne qajeelchuu, ni to'atu.
- Manaa alatti ijoollee isaanii wajjiin sochii (fakkeenyaaf, bashannanaafi deemsa miilaa) waliin taasisu, raadiyoo dhaggeeffatu, akkasumas waliin sooratu.
- Galgala galgala yeroo irbaataa warriifi ijoolleen akka waliin mariyataniif walitti dhufeenya akka qabaataniif haala nimijeessu/

Maatii gidduu walitti dhufeenyi gaariin jiraachuun daa'immaniif faayidaa maal qaba?

- Jireenya hawaasummaa, seerota hawaasummaafi itti gaafatamummaa hawaasummaa daa'imman barsiisuuf.
- Daa'imman mataa isaanii ogumawwan jireenyaan akka badhaadhan gochuuf.
- Bilchina lammuufi oguma hawaasummaa gabbisuuf
- Balawwaniifi miidhaa addaddaarraa of eeguufi ofirraa ittisuuf.
- Miseensota maatiirraa walitti dhufeenya gaarii barachuuf.
- Fayyummaa hafuuraafi sammuu cimsuuf.
- Daa'imman naga qabeeyyii, ofitti kan amanan jabaatanii hojjachuuf human kan qaban, rakkoo kan dandamataniifi rakkoo kan hiikan ta'anii akka guddataniif.
- Daa'imman jireenya isaanii keessatti akka milkaa'an taasisuufi nageenya isaanii eegsisuuf.

Mariyachiisaa

Maatii gidduu walitti dhufeenyi gaarii jiraachuun guddina daa'immaniif faayidaa inni qabu hirmaattotaaf ibsaa.

Gaaffiiwwan bara ijoollummaa hirmaattotaa yaadachiisan:

Mariyachiisaa

Gochi kun miseensota maatii gidduu walitti dhufeenyi gaariin jiraachuun faayidaa inni guddina daa'immaniif qabu kan ilaallatu ta'uu hirmaattotaaf ibsaa. Itti aansuunis, hirmaattonni bara ijaallatu ta'uu hirmaattotaaf ibsaa. Itti aansuunis, hirmaattonni bara ijoollummaa isaanii akka yaadaniifi kanneen armaan gadii akka hubatan itti himaa. Tokkoo tokkoo gaaffiirratti daqiqaa tokkoof erga yaadani booda hirmaattonni sadii qofti waa'ee yaadatan deebii akka kennan affeeraa.

Hirmaattonni waa'ee bara ijoollummaa isaanii akka yaadatanii fi akka ijoolleetti maatii isaanii giddutti akkaataa walitti dhufeenyaa ture akka himan taasisaa. Waa'ee ijoollummaa isaanii yommuu yaadatan:

- a. Maatii isaanii gidduu walitti dhufeenya waliinii baay'ee gammachiisaa ta'e kan qaban miseensota maatii namoota lama akka yaadatan gaafadhaa.
- b. Maatii isaanii keessatti walitti dhufeenya waliinii baay'ee gammachiisaa hintaane kan qaban miseensota maatii namoota lama akka yaadatan gaafadhaa.
- c. Yeroo ijoollummaa isaanitti maatii isaanii keessaa hunda caalaa walitti dhufeenya baay'ee gammachiisaa ta'e kan qaban miseensa maatii isa kam waliin akka ture akka yaadatan gaafadhaa. Amalli addaa namicha sanaa maal akka ture ofumaaf haa yaadatan.
- d. Yeroo ijoollummaa isaaniitti maatii isaanii keessaa hunda caalaa walitti dhufeenya nama hingammachiifne kan qaban miseensa maatii isa kam waliin akka ture akka yaadatan gaafadhaa. Amalli addaa nama dhuunfaa sanaa maal akka ture ofumaaf haa yaadatan.

Shaakala gochaa: Seenaawwan dhiyaatanirratti marii garee taasisuu

Mariyachiisaa

Hirmaattonni gaaffiiwwan seenaa gaggabaaboo dhiyaatan bu'uureffachuun qophaa'anirratti waliin mariyachuu akka deebisan gaafadhaa.

1. Hirmaattonni garee saditti akka qoodaman itti himuu.
2. Garee sadaniifuu seenaan kan irratti barreeffame waraqaa fuula sadii qabu kennaafii.
3. Tokkoo tokkoo seenaa dhiyaate ilaalchisee gaaffiiwwan lamaan dhiyaatan deebisuu akka qabaniifi gaafficha deebisuuf mudanni charratti gareen mariyachuu akka qaban miseensota gareetti himaa.
4. Marii garee namoonni hogganan jiraachuu akka qaban ibsaafii. Hirmaattota keessaas namoonni yaada marichaa barreessaniifi gabaasa dhiyeessan filachiisuudhaan deebii hirmaattotaan kennamu akka gabaasaa godhaa.
5. Hirmaattonni mudaniwwan dhiyaatanirratti xiyyeeffachuu marichanatti dammaqinaan akka hirmaatan akkasumas gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii akka kennan itti himaa.

Seenaa Tokkoffaa Maatii Dureettii

Dureettiin umriin ishee waggaa jaha yommuu ta’u kan barattus kutaa tokkoffaadha, Warri Dureettii yeroo hunda ishee mormu/itti dheekkamu. Yeroo walmoman kanas walii isaani gidduutti jechoota wal isaan dhabsiisu walitti dubbatu. Abbaan Dureettii haadha manaa isaaniin dhiboofuu kan hinfayyadne jedhanii ishee arrabsu. Harmeen Dureettis abbaa maatiia isaaniin jechootuma kana fakkaataniin isaan arrabsu. Yeroo tokko tokko warmormiin isaani kun gara lolaafi walrukkuttaatti ce’a. Yommuu kanas harmeen Dureetti baay’ina gidiraa isheerra gahurraan kan ka’e ni iyyiti.

Dureettii umrii ishee waggaa lamarraa jalqabee gocha kana argaa guddatte. Gaaf tokko harmeen Dureettii akkaan ishee baay’ee nama hamaa ta’uu isaani Dureettiitti himan. Itti fufudhaan, utuu isheen dhalachuu baatee gidiraan akkanaa akka irra hin geenyeefi utuu gochi suukkaneessaan akkanaa irra ga’aa jiru abbaa ishee waliin kan jiraatan isheef (Dureettiif) jecha akka ta’e Dureettiitti himan. Guyyaa biroo immoo, abbaan ishee sinqedhaan harmeen ishee hamtuufi dubartii dhiboofuu ta’uu itti himan. Dureettiinis akka harmee ishee badduu taatee akka hinguddanne akeekkachiisuudhaan, “kun ta’uun hafee atis akka harmee kee saragee yoo taate sin reeba” ittiin jedhan.

Seenaa Lammaffaa Maatii Daraaraa

Daraaraan kan jiraatu ogummaa hojii mukaatiin. Aadde Caaltuun haadha maatiia isaaniiti. Daraaraafi Caaltuun ijoollee jaha godhataniiru. Mucaan isaani inni guddaan umriin isaa waggaa kudhan yommuu ta’u inni dhumaa immoo umriin isaa ji’a jahadha. Daraaraan ko’eessa waan ta’eef yeroo baay’ee ganama.

Osoo ijoolleen hirribarraa hinka’iin hojiif ba’ee gara manaatti kan deebi’u erga ijoolleen rafanii booda, galgala sa’atii sadii biradadha. Caaltuunis guyyaa guutuu hojii mana keessatiin ko’oommataa oolti. Maatiif qofaa ishee soorata qopheessiti. Guyyuu bishaan waraabuufi qoraan nyaata ittiin bilcheessan funaanuun irra jiraata. Uffanni maatii ishee yommuu xuraa’us, guyyaa hunda miicci. Ijoolleen isaani yeroo baay’ee walii isaani wajjiin, yeroo tokko tokko immoo ijoollee olla jiran waliin taphatu. Daraaraan ijoollee isaa waliin kan wal argu gaafa ayyaanaa qofa. Caaltuun mana keessa yommuu hojii hojjattu, mucaa ishee isa xiqqaa dugdatti baatti. Yommuu hojiin itti baay’atu immoo, obboleewwan ishee umriin isaani waggaa sagaliifi saddeet ta’antu akka dugdatti baatan

gooti. Daraaraafi Caaltuun iddoo biroo wayita deeman ijoolleen isaanii eessaafi eenyufaa waliin akka oolan hinbeekan.

Seenaa Sadaffaa Maatii Shamsuu

Shamsuun mucaa waggaa saddeetii yoo ta’u maatii isaafis mucaa tokkicha. Warri Shamsuu daldaltootaadha. Abbaa fi haati isaa suuqii garagaraa qabu. Warri Shamsuu hojjattoota suuqiifi mana keessa hojjatan baay’ee qabu warri shamsuu firaafi hiriyoota baay’ees qabu. Manni Shamsuufaa yeroo hunda keessummaan kan guutamedha. Namni hundi Shamsuu nijaallata. Shamsuun yeroo baay’ee keessummoota bultiif dhufan waliin rafa. Firoonni Shamsuufi aantenn maatii isaa yeroo yeroon Shamsuu bakka addaddaa fudhatanii deemu. Kanaafuu, keessummoota waliin ba’ee bashannanuun shamsuuf gammachuu laata. Yeroo tokko tokko immoo mana firoota isaa guyyaa hedduuf taa’a.

Mariyachiisaa

Hirmaattonni mudannoowwan dhiyaatan erga dubbisanii booda tokkoon tokkoo garee gaaffii armaan gadii waa’ee tokkoo tokkoo seenichaarratti dhiyaatan haa deebisan.

Gaaffiiwwan hirmaattotaaf dhiyaatan

1. Seenaawwan dhiyaatan keessatti walitti dhufeenyi miseensota maatii gidduu jiru guddina daa’immaniif gaariidha moo miti? Maaliif?
2. Seenaawwan dhiyaatan keessatti walitti dhufeenyi maatiifi ijoollee gidduu jiru guddina daa’immaniif gaariidha moo miti? Maaliif?

Mariyachiisaa

Gabaasa marii garee (daqiiqaa digdama)

Bakka bu'aa tokkoo tokkoo gareetiif daqiiqaa sadii qofa eeyyamuun deebii garee isaanii akka dhiyeessan, akkasumas hirmaattonni biroon lama yaada akka kennan ykn gaaffii akka gaafatan eeyyamaafii.

Mariyachiisaa

Yaadota kennamanirratti sirreeffama kennaa ykn cimsaa. Kanaafis gudunfaawwan armaan gadii fayyadamaa.

Waa'ee seenaa maatii Dureettii ilaalchisee gudunfaa kenname

Maatii Dureettii gidduu walitti dhufeenyi gaariin hinjiru. Maatiin dureettii irra deddeebiin walitti bu'uufi walddhabuun Dureettiidhaaf fakkeenya badaa ta'aniiru. Walitti bu'iinsi maatii Dureettii Dureettiidhaaf soda guddaa itti uumee jira. Kanaafuu, Dureettiin mucayyoo sodaattuu taatee guddatte. Dureettiin maatii isheerraa kan isheen baratte walddhabdeef fala kennuuf marii karaa nagaan gochuurra walloluudhaani. Warri ishee tokko badooma isa biroo itti himuudhaan halli isaan itti ishee guddisan maatii isheef kabaja utuu hintaane jibba akka qabaattu, yeroo hunda namootatti dhiyaachuuf kan sodaattuufi fageenyumatti namoota waliin kan waliitti dhuffu ishee gaasisee jira.

Waa’ee mudannoo maatii Daraaraa ilaalchisee yaada gudunfaa kenname.

Daraaraan maatii isaaf galii argamsiisuuf hojii gaarii hojjachaa jira. Garuu, Daraaraan haadha maatiia isaa Caaltuu waliin ta’uun ijoollee isaanii seeraan guddisuuf yeroo tokkollee hinqabu. Kanaafuu, ijoolleen karaa mataa isaanii akka deemaniif dhiisaniiru. Ijoolleen maal gochuu akka qaban, waa’ee mataa isaanii maal beekuu akka qaban, rakkoo akkamitti hiikuu akka qaban, bakka addaddaatti amala naamusa akkamii qabaachuu akka qaban, akkasumas namootatti akkamitti itti dhiyaachuu akka qaban kan isaan barsiise hinjiru. Daa’imman hoggansaafi hordoffii jireenya isaanii baay’eee barbaachisaa ta’e maatii isaaniirraa argachuu hindandeenye.

Mariyachiisaa

Waa'ee seenaa maatii Shamu ilaalchisee gudunfaa kenname

Manni maatii shamsuufaa yeroo hunda namoota baayleen guutama. Shamsuun yeroo isaa baay'ee kan dabarsu firootaafi hiriyoota maatii isaa waliin. Namoonni kunniin maatii isaa caalaa dhiibbaa irraan gahuu nidanda'u. Shamsuu namoota gara badaatti isa oofuu danda'an waliin walarguuf carraa inni qabu bal'adha. Namoota addaddaa gara mana isaanii dhufanirraa wanti inni arguufi dhagahu yaadaafi amala isaarratti dhiibbaa qabu. Yeroo yeroon manaa ka'ee firootaafi hiriyoota maatii isaa waliin yommuu ooluufi bulu barsiifataafi ilalchota hedduuf kan saaxilame ta'a. Carraa akkanaatin guddinni Shamsuu karaa badaarra akka deemu taasisuu danda'a. Warri isaa yeroo Shamsuun keessummoota waliin dabarsu daangessuu qabu turan. Warri isaa Shamsuu seeraan guddisuuf yeroo ga'aa waan hinkennineef, naamusa gaarii qabatee akka hinguddanneef gufuu itti ta'uu danda'a.

Walitti dhufeenyi gaarii matii giddu jiru kan ittiin beekamu maatta'i?

Mariyachiisaa

Deebii isaa itti hinhimiin dura agarsiistuuwwan walitti dhufeenya gaarii maatii gidduu jiru maalfaa akka ta'an hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabateerratti barreessaa.

Ibsituuwwan walitti dhufeenya gaarii maatii gidduu jiru:

- Maatiin yeroo waliin dabarsan dhaabbataa qabu.

- Warri utuu hinloogiin ijoollee dhiiraafi dubaraaf xiyyeeffannaa walqixxee kennuumuu nimirkaneeffatu.
- Warri ykn guddistoonni fayyummaafi guddina daa'immanii dadammaqsuuf jaalala ni agarsiisu. Dabalataanis, hanga humni isaaniif eeyyametti ijoolleef kunuunsa taasisu.
- Ijoolleefi miseensonni maatii yeroo yeroon wal argu. Fakkeenyaaf, walii isaaniin wal hammachuudhaan jidduu isaanii jaalalli akka jiru itti dhaga'ama.
- Warri yookiin guddistoonni daa'imman wajjiin yommuu taa'an ija isaanii keessa ilaaluun, harkaan qaqqabuufi baay'ee akka isaan jaallatan itti himuudhaan daa'immaniif jaalala agarsiisu.
- Maatiin bakka ijoolleen jiranitti waa'ee maatii, waa'ee hawaasaafi biyyaa akkasumas waa'ee addunyaarratti marii ijaarsaa nigodhu; yaada waljijjiiru. Ijoolleen marii namoota gurguddaa jidduutti godhamurraa ribaratu karaa faallaa ta'een immoo, walitti dhufeenyi namoota gurguddoo jidduu jiru garrii kan hintaaneefi kan nama hingammachiifne yoo ta'e, ijoolleen sodaafi jibba baratu.
- Miseensonni maatii tajaajila isaanirraa eegamu maatii isaaniif nikennu. Kanneen umriin isaanii waggaa sadii gadi ta'een ala miseensonni maatii hundi akka umriifi human isaanitti maatii isaanii nigargaaru. Kana ta'uu isaatiinis miseensonni maatii miirri barbaachisummaa itti dhaga'ama; kanaanis gammadoo ta'u.

Ijoolleen maatii keessatti miirri miseensummaa maatii kan itti dhaga'amu:

- Bilisa ta'anii mataa isaanii akka ibsan nageenya isaanii eeguun yoo gargaaraman, fedhiin isaanii bu'uuraa (fakkeenyaaf, kan qaamaa, sammuufi hawaasummaa) yoo guuteef, akkasumas yoo jaalala itti agarsiisaniifi miidhaan garagaraa akka irra hingenye eegumsi yoo godhameefidha.
- Ijoollee waa'ee mataa isaaniif miirri gaariin akka itti dhaga'amu wayita yaaliin gadhamutti yoo jajaman ykn yoo galatoomfamanidha.
- Ijoolleen waan tokko raawwachuu yoo dadhaban hojii isaaniirratti miira ofitti amanamummaa akka gabbifataniif yoo deeggaramaniifi jajjabeeffamanidha.
- Ijoolleen miseensota maatiifi kanneen maatii waliin walitti dhiheenya qaban wajjiin akkamitti akka waliif galuu danda'an haala mijeessuun adeemsaan hawaasaafi biyyaaf wantoota faayidaa qaban akka gumaachuu danda'an deeggaramanidha.

- Ijoolleen walitti dhufeenya namoota kaan waliin qabaniin garaagarummaa sirriifi dagaggora, gocha fudhatama qabuufi hinqabane barsiisuun barbaachisaadha. Kun immoo, ijoolleen miidhaaf akka hinsaaxilamneefi akka of eeggannoo taasisaniif jajjabeessa.
- Miseensi maatii tokko wanti inni maatii isaaf raawwatu yoo jiraateefi waan isarraa eegamu sana raawwatee yoo milkaa'e, yoo galatoomfame gammachuu guddaatu itti dhaga'ama. Miirri ofitti amanamummaa isaas nicima.

Mariyachiisaa

Hirmaattota lama filachuudhaan, walitti dhufeenyi miseensota maatii gidduu jiru guddina daa'immaniif faayidaa inni kennu keessaa waan lama gabaabinaan akka ibsan gaafadhaa.

- Maatiin addunyaa hawaasummaa daa'immaniif kutaa murteessaadha.
- Maatiin naannoo mijataa daa'imman addunyaa kana ijaaruu isaan dandeessisu uumuu qabu.
- Daa'imman gammachuu akka qabaataniif waliti dhufeenyi miseensota maatii gidduu jiru miira waliif yaaduu, iftoomina kan qabuufi rakkoo /komii mariin kan hiiku haala gaariitu barbaachisa.
- Ijoolleen guddachuudhaaf, cimuuudhaaf, mata isaanii karaa addaddaa of eeguuf namoota garagaraa waliin walitti dhufuun isaan barbaachisa. Ta'us, naamusaafi ilaalcha namoota daa'ima sanaan walquunnaman warri beekuu qabu.
- Maatiin walitti dhufeenya gaarii qabu yeroo inni ijoollee isaa waliin dabarsu /olaan osoo hintaane walfalmii nagaa qabu, taphaafi mariinidha.
- Warri yookiin guddistoonni ijoollee isaaniif jaalalaa fi kunuunsa kennuufii qabu. Jaalalli isaan kennan kan walitti fufiinsa qabu ta'uu qaba malee yeroo yeroon kan jijjiiramu ta'uu hinqabu.
- Walitti dhufeenya gaalii maatii gidduu jiru keessatti warri yookiin guddistoonni ijoollee waliin wayita dubbatan ija keessa ilaaluun, harkaan qaqqabaa baachuun jaalala itti agarsiisuu qabu.
- Akkawoon/akaakayyuun, obboleessiifi obboleettiin, oolaafi hiriyooni maatiia jaalala ijoolleen qabaataniif, walitti hidhamiinsaaf miira miseensummaa maatii akka qabaataniif

gahee qabu. Haata’u malee, odeeffannoo ijoolleen firootaafi hiriyoota isaaniirraa argatan warri beekuu qabu.

Kutaa 2: Warri Walitti dhufeenya miseensota maatii gidduu jiru attamitti milkeessuu danda’u.

Yeroo ramadame: daqiiqaa 60

Ijaarama walitti dhufeenya maatii

Ijaarsi walitti dhufeenya maatii kan jalqabu umrii xinummaarraa kaabee yommuu ta’u daa’imman xixinnaan waa’ee namoota naannoo isaanii jiranii beekuuf miira qaama isaanii fayyadamuu. Wantoota addaddaarratti ija isaaniin xiyyeeffannoo kennuu eegaluu. Sagalee, qaqqabbaafi foolii maatii yookiin guddistoota isaanii adda baafachuu jalqabu.

Umriin isaanii akkuma dabalaa deemuun seequun daa’immanii, sagaleen dinqisiifannaafi gumgummiin ijoollee walitti dhufeenya uumuufi guddisuuf gahee qabu. Suuta suuta walitti dhufeenya hawaasummaarraa itti quufiinsa argachuuf miira isaanii to’achuufi hoggansuu akka qaban hubannoo isaanii guddifatu. Kanaafuu, ijaarsi walitti dhufeenyi gaariin maatii gidduutti kan jalqabu daa’immaarraa yoo ta’u sadarkaa umrii hundatti deeggarsaafi hordoffiin nibarbaachisa.

Walitti dhufeenya maatii gaarii ta’e hundeessuuf warri maal gochuu danda’u?

Maatiin ijoolleen mataa isaaniin nageenyi kan itti dhaga’amu, sodaarraa bilisaafi gammadoo kan itti ta’an ta’uu qabu.

Miseensonni maatii walii isaanii gidduutti walitti dhufeenya uumaniin kaaniif fakkeenya ta’uun addunya kana keessatti ijoolleen haala kamiin socho’uu akka qaban barsiisu. Walitti dhufeenyi gaariin maatii gidduu akka jiraatu abbaan manaa yookiin haati manaa miseensota maatii hundaaf jaalalaafi gammachuu kennaa jiraachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.

Mariyachiisaa

Miseensota maatii gidduu walitti dhufeenyi jiru gaarii ta’uu isaa warri hordofuufi jajjabeessuu ykn sirreeffama gochuun irra jira. Bakka walitti dhufeenyi gaariin maatii gidduu jirutti miseensonni maatii walii walii isaaniif niyaadu; wal deeggarus.

1. Yeroo waliin dabarsuu

Mariyachiisaa

Maatiin walii isaanii giddutti walitti dhufeenya gaarii qaban yeroo isaanii waliin dabarsu. Bara ammaa ka'ummaan hammaate kana keessatti miseensonni maatii yeroo waliin taa'anii mariyachuuf nirakkatu. Waan ta'eefis, yeroo walitti dhufeenyaa ganamaafi galgalaan dabalataan yeroo waliin dabarsan kan biroo ramaduun irra jiraata. Fakkeenyaaf, hojii mana keessaa waliin hojjachuu, yeroo taphaa ykn marii waliin dabarsuu, sagantaa bashannanaa waliin baafachuufi bashannanuu, gara mana fiilmii yookiin gara mana waaqeffannaa waliin deemuufi maatiin yeroo itti walarganii fi muukannoo waljijjiiran haala nimijeessu.

Ijoolleedhaaf yeroo adda murtaa'e kunnuun isaan waliin walitti hidhamiinsa cimaa uumuuf gargaara. Fakkeenyaaf, sa'ati tokkoof ijoollee waliin hojjachuuf waliin dubbisuuf yookiin hojii ijoolleef miira kennu ramaduuf yoo yaalan ijoolleen yeroo sanaaf isin waliin ta'uu barbaadu. Ijoolleenis sa'atii sana waliin dabarsuu akka qaban murteesuuf akka hirmaatan dursa kennaaafil filannoos dhiyeessaafii. Fakkeenyaaf, kitaaba dubbisuu, farfachuu, lukaan bashaannanaaf deemu, tapha taphachuufi kan ijoollee gammachiisu raawwachuun ni danda'ama. Hanguma yeroo dabalataa ijoollee keessan waliin dabarsitan walitti dhufeenyi keessanis cimaa ta'a.

2. Seera jechuun maal jechuudha?

Mariyachiisaa

Maatiin gaariin faayidaa wal amantaa nihukatu wal amantaan walitti dhufeenyi cimee akka itti fufuuf kan godhudha. Maatii keessatti toftaaleen wal amantaa guddisuu danda'an muraasni:

- Carraa itti ijoolleen amantaa keessan argachuu danda'an uumaa. Fakkeenyaaf, naannoo manaatti hojiiwwan sasalphaa akka raawwatan taasisuun waan raawwatan sanaaf galatoomfachuu.
- Ijoollee keessaniif akka isaan jaallattan, kabajjan, akka isaan amantan ibsaafii. Daa'imman yoo warri isaanii isaan dinqisiifatan hojii hunda akkaataa ittihimameen raawwachuuf, yookiin naamusa gaarii qabaachuuf carraaqu.
- Waan raawwachuu hindandeenye tokkoof waadaa hingaliinaa. Waan gochuuf waadaa seentan hordofotii raawwadhaafii.
- Miseensi maatii kamiyyuu nama waan ta'eef akka degaggruu danda'u itti himuun barbaachisaadha. Dogaggora immoo dhiifamaan irra darbuun akka danda'mu beeksisuun murteessadha. Ijoollee keessaniin dhiifa gochuu barsiisaa. Isinis walii keessaniin dhiifama wal gaafachuufi dhiifama waliif gochuu gochaan agarsiisaa.
- Maatii walitti dhufeenya gaarii qabu keessatti mufiin yoo uumame karaa nagaafi mariin hiikama. Dubbii garaatti qabachuun gara gadoo bahuuf deemuun dogoggoradha.
- Hubaatii yeroo darbeerratti xiyyeeffachuun miidhaa malee faayidaa akka hinqabne ibsuun barbaachisaadha

- Tokkoo tokkoo miseensa maatiin dhiifama! Nigaddisiisa kan jedhan sirnaan hojiirra oolchuu barsiisaa. Gocha gaariifis ta'e badaaf itti gaafatamummaa fudhachuun barbaachisaa waan ta'eef miseensonni maatii waan raawwataniif, mataa isaanii itti gaafatamaa gochuu abbaan maatiia, haati maatiia fakkeenyummaa haa barsiisan kun walamantaa guddisuuf gargaara.

3. Walitti bu'iinsaafi garaagarummaa yaadaa sirnaan qabachuu

Mariyachiisaa

- Maatii kamiyyuu keessatti walitti bu'iinsi ni uumama. Walitti bu'iinsi adeemsa uumamaa walitti dhufeenya namootaa keessatti dhalachuu danda'udha.
- Wayita walitti bu'iinsiifi garagarummaan yaadaa maatii keessatti uumamu maatiin cimoon xiyyeeffannaa isaanii namoota caalaa rakkoo sanarraa godhanii hojjatu kana jechuun, maatii gaaliin yeroo walitti bu'iinsi isaan gidduutti uumamu kan isaan irratti xiyyeeffachuuf yaalan waan jedhame yookiin waan raawwatamerratti malee namicha gocha sana raawwate yookiin dubbataa sanarratti miti. Haalli kun immoo, walitti bu'iinsi sun akka hinbabal'anne, akka salphaatti walii galuun akka uumame mala sirriidha.

- Yommuu walitti bu'iinsi tokko uumamuu dhimmoota yookiin rakkoowwan kanaan dura raawwataman kaasuun lolichi akka ho'u gochuun ala faayidaa hinqabu. Dhimmoota yookiin rakkoowwan kanaan dura turan kaasuun dhimma amma uumamerraa akka dheessinu nu taasisa.
- Walitti bu'iinsi gara jeequmsaatti akka hinceeneef, warri miseensota maatii waliin mariyachuun barbaachisaadha. Yeroo tokko tokko warri yoo aaran waan isaan aarse yookiin miseensa maatii keessa ijoolluma itti dhufan reebuu yookiin qodaa itti darbachuu danda'u. Gochi akkanaa kun rakkoo uumame sana hiikuurra kan babal'isuufi rakkoo biroo kan uumuu danda'u waan ta'eef, mala gaarii rakkoo ittiin hiiknu miti.
- Waan kana ta'eef, miseensonni maatii karaa tasgabpii qabuun mariirratti akka xiyyeeffataniif warri fakkeenya ta'uun yaaluu qabu. Naamusa hinbarbaachifna ilaalchisee hanguma daa'imman marii keessatti hirmaachifneen walitti dhufeenyi waliinii cimee guddata.

4. Garaagarummaa jiru amaanuun nagaafi walkabajaan waliin

jiraachuuf waliif galuu:

Mariyachiisaa

Hawaasni kan _____ (aadaa, afaan, amantii, saba, sadarkaa jireenyaa, sadarkaa barumsaafi kkf irraa dhufaniinidha. Hawaasa nageenya qabu uumuudhaaf ummattoota seenduubee garagaraarraa dhufan kabajuu qabna. Kunis, ummattoota seenduubee addaddaarraa dhufan waliin nagaan jiraachuu nama dandeessisa.

- Kanaafuu, warri ykn guddistoonni garaagarummaa ummattoota gidduu jiru ijoolleen amananii akka fudhatan shaakalsisuu qabu. Hubannoo akkanaa miseensota maatii gidduutti uumuu kan danda’u garaagarummaa fedhiifi yaadaa bu’uura godhachuun ijoollee shaakalsiisuu nidanda’ama. Kana jechuunis, yoo itti walii galuu baannellee fedhiifi yaada miseensa maatii tokkoo kabajuu ilaalchisee warri fakkeenya ta’uun ijoollee barsiisuufi jajjabeessuu jechuudha.
- Mataa ofiifi kan ofii kan ta’e kabajuun barbaachisaa akka ta’eefi namoota biroofi kan isaanii kan ta’e kabajuun barbaachisaa akka ta’e fakkeenya ta’uun ijoollee shaakalsiisuun barbaachisaadha.
- Warri namoota kaan kabajuudhaan akkasumas namoota miidhama qaamaa qaban kunuunsuun fakkeenya ta’uu qabu.
- Barsiisota ijoollee dubaarra miidhaa geessisu hir’isuudhaaf warri dhiiraa mirga shamarraniifi ijoollee dubaraa kabajuu akka qaban barsiisuu barbaachisa. Kana barsiisuufis abbootiin fi dhiironni gurguddoon dubartootarratti miidhaa geessisuurraa

Namoota saba, aadaafi amantii biroorraa dhufan akka kabajan ijoollee barsiisuun barbaachisaadha. Akkasumas, daa'imman tokko tokkorra miidhaan akka ga'aa jiru barsiisuu qabna. Warri ykn guddistoonni ijoolleen isaanii maalummaa miidhama qaamaa akka beekan gochuudhaan akkasomas ijoollee fedhii addaa qaban jajjabeessuun taphaafi hojiiwwan garagaraa keessatti akka hirmaachisan jajjabeessuu qabu.

5. Ijoollee dhiiraafi dubaraa walqixa ilaaluu

Mariyachiisaa

Walitti dhufeenya miseensota maatii gidduu jiruun ijoollee dhiiraafi durbaa walqixaafi bifa walfakkaatuun ilaaluun murteessaadha. Fakkeenyaaf, nyaata qopheessuuf mana qulqulleessuu keessatti ijoollee dhiiraafi dubaraa walqixa hirmaachisuun barbaachisaadha. Maatii keessaa dhiironniifi dubartoonni gurguddoo ta'an daa'immaniif fakkeenya ta'uun hojii mana keessaarratti wal gargaaruu qabu.

Hubannoofi muuxannoon walitti dhufeenya daa'imman biratti akkamitti gabbata?

- a. Ijoolleen qaqqabbaafi qoolii maatii yka guddistoota isaanii nishaakala kana fayyadamuudhaanis mataa isaanii maatii isaanii waliin walitti firoomsuuf yaalu.
- b. Suuta suuta taphaan ijoolleen gurguddafi maatii ykn guddistoota isaanii waliin walitti dhufeenya uumaa deemu.
- c. Daa'imman umriin isaanii waggaa tokkoo hanga lamaatti jiran walitti dhufeenya isaanii kan cimsatan taphachuudhaan.

Mariyachiisaa

Daa'imman naannoo isaanii beekuuf fedhii guddaa qabu. Umrii isaanii gara jalqabaatti ijoolleen addunyaa keessa jiraatan beekuuf ija isaanii, funyaan fi funyaan isaanii fayyadamu. Daa'imman qaama miiraa isaaniiin waa'ee addunyaa baratu. Ija isaaniiin wantoota addaddaarratti xiyyeeffachu jalqabu.

Mariyachiisaa

Ijoolleen adeemsa keessa mijaa'uufi mijaa'uu dhabuu walitti dhufeenya dhiyoo ni baratu. Seequuniifi sagaleewwan gamaachu jecha maleessaa daa'immanii mijaa'ina walitti dhufeenya dhiyaa yoo ibsu iyyi, boo'ichiifi callisuun daa'immanii immoo mallattoowwan mijaa'uu dhabuu agarsiisu. Haalonni mijaa'oon walitti dhufeenya gaarii uumuufi guddisuuf gahee qabu.

Yeroo taphaatti warri ykn guddistoonni sagalee yeedalloo jaalalaafi kunuunsa agarsiisan fayyadamuuf yaaluun irra jiraata.

Walitti dhufeenya maatii gidduu jiru ilaalchisee waa'ee hubanoo dhuunfaarratti marii waliin adeemsisuu.

Mariyachiisaa

Gaaffiiwwan armaan gadii bu'uureffachuun hirmaattanni mindannoo isaanii akka dubbatan jajjabeessaa. Hirmaattota hayyamamoo ta'an sadiif carraa kennaa.

Gaaffiiwwan hirmaattota marichaaf dhiyaatan

- a. Maatiiwwan isin beektan keessaa walitti dhufeenya miseensota maatii gidduu jiru kan guddina daa'immaniif faayida qabeessa ta'an maal fa'i?
- b. Maatiiwwan isin beektan keessa walitti dhufeenya misoosota maatii gidduu jiru kan guddina daa'immaniif faayida hinqabne maal fa'i?

Shakala Gochaa Marii garee

Mariyachiisaa

1. Hirmaattonni gaaffiiwwan seenaawwan gaggababoo bu'uureffachuun qophaa'anirratti gareen mariyachuun deebii kennuutu irraa eegama. Hirmaattota garee sadiitti qoodaa.
2. Gareewwan sadan tokkoo tokkoo isaaniif mudannoon addaddaa kan irratti barreeffame waraqaa fuula lama kennaafii.
3. Miseensonni garee gaaffiiwwan tokkoo tokkoo mudannoo ilaalchisee dhiyaateen deebisuu akka qaban itti himaa.
4. Namoonni marii tokkoo tokkoo garee hagganaa jiraacha akka qaban ibsaafi. Hirmaattota keessaa namoonni yaada ijoo marii barreessaniif barmaattota hundaaf dhiyeessan filachiisuun deebii hirmaattotaan kennaman akka gabaasaa godhaa.

Gaa

1. Mudannoo dhiyaate keessatti walitti dhufeenyi miseensota maatii gidduu jiru guddina daa'immaniif gaarii moo badaadha? Maaliif?
2. Mudannoo dhiyaate keessatti walitti dhufeenyi ijoolleefi maatii gidduu jiru guddina daa'immaniif gaarii moo badaadha? Maaliif?
3. Mudannicha keessatti haalli walitti dhufeenyi maatii gidduu jiru gaarii akka ta'uufi guddina ijoollee isaanii akka tumsuuf maal akka godhan gorsitu?

4. Mudannicha keessatti haalli walitti dhufeenya ijoolleefi maatii gidduu jiru akka jijjiiraniifi guddina ijoollee isaanii deeggaruuf maal akka godhan gorsitu?

Seenaa tokko: Obbo Guutaafi Ijoollee isaa

Obbo Guutaan abbaa ijoollee jahaati. Obbo Guutaa hojiin waan itti baay’atuuf boqonnaa hinqaban. Yeroo hunda utuu ijoolleen isaanii hirribaa hindammaqiin gara hojii deemu. Galagalas erga ijoolleen rafanii sa’atii sadiirratti gara manaatti deebi’u. Obbo Guutaan yeroo qabaatee maatii isaa waliin dabarsuu waan hindandeenyeef, yeroo baay’ee akka balleessaa raawwateetti itti dhaga’ama.

Ijoolleenis haati isaanii gara iddoo addaddaa fakkeenyaaf gara gabaa, lagaa, dirree akkasumas akaakayyuufi firoottan isaanii daawwachuuf akka isaan geessitu irra deddeebi’anii gaafatu. Haata’u malee, harmeen isaanii hojiin mana keesaa waan itti baay’atuuf kan isaan geessuu danda’u abbaa isaanii Obbo Guutaa qofa ta’uu itti himteetti. Obbo Guutaan fedhii ijoollee isaanii waan hinguunneefi yeroo waan hinqabneef ijoolleen isa hinjaallatan ittis hindhiyaatan. Obbo Guutaan yeroo tokko tokko yeroo akka tasaa yeroo argatanii ijoollee isaa waliin haasa’uu yoo fedhanillee, ijoolleen mana keessa turanii abbaa isaanii waliin taphachuura ala ba’anii ijoollee safaraa waliin taphachuu filatu. Sababa kanaanis Obbo Guutaan ijoollee isaa jibbuu jalqabaniiru. Mana keessattis qofummaan itti dhaga’ama.

Seenaa Lama Latii

Latiin barattuu kutaa tokkoffaati, umriin ishees waggaa torbadha. Yeroo baay’ee hiriyoota isheen walbira qabani yommuu ilaalan, Latiin taphachuuf gammadhu miti. Akkasumas, cimtuu miti. Warri ishee yeroo baay’ee ishee fuulduratti walmormu. Yommuu abbaan ishee harmee ishee reebu yeroo baay’ee niagarti. Latin yeroo baay’ee sababa tokko malee iyyiti. Garuu, haatis, abbaanis ishee hinsossoban. Maaliif akka boosse hingaafatan. Inumaa harmeen ishee abbaa isheen, “Mucattii kan callu jechisiisi,” ittin jetti. Abbaan ishees latitti ija babaasuu boo’uu ishee yoo dhiisuu baatte, sanqiidhaan akka reeban ishee sossodaachisu. Latiinis, iyyaafi sodaachisuu abbaa ishee sodaachuun baay’ee boossi. Yeroo kans obbaan ishee, ishee reebuu jalqaban. Abbaan ishees harka isaa jabbataa sanaan ishee qabee sanqiidhaan, harcummedhaan reebe. Sababa kanaanis Latin abbaa ishee baay’ee

sodaatti Abbaan ishee jirutti hindhiyaattu; alwaada keessa haadha ishee waliin turti. Latiin ala baatee ijoollee olla waliin taphachuuf, harmee ishee hayyama yoo gaafattes, gaaffii akkasi dhiisuu baannaan abbaa isheetti akka himtu harmeen ishee ni sossodaachifti. Kanaafuu, Latiin boo'uu isheerraan kan hafe yeroo baay'ee callistee teessi. Latiin yeroo hin boonyes haati ishee hojii akka hojjattuuf yoo ishee ajajje malee, boroo duuba callistee teessi.

Gabaasa Marii garee

Mariyachiisaa

- Bakka bu'aan tokkoo tokkoo garee daqiiqaa sadiif deebii garee isaanii akka dhiyeessan godhaa.
- BAKka bu'oonni erga dhiyeessanii booda hirmaattonni lama yaada akka kennan yookiin gaaffii akka dhiyeessan taasisaa.

Mariyachiisaa: kan bakka bu'oonni dhiyeessanirratti yookiin yaada kennamerratti sirreeffama kennuuf yookiin yaadicha cimsuun isinirra jiraata.

Ergaawwan Furtuu

- Miseensonni maatii walitti dhufeenya sa'atii nyaataan dabalataan yeroo waliin turan qabaachu barbaachisaadha. Kunis, miseensonni maatii muuxannoo akka waljijjiiraniifi walargan godhan. Hojiiwwan mana keessatti yookiin mooraa keessatti hojjatamu waliin hojjachuun ykn yommuu inni tokko hojjatu kaanis waliin ta'uun, mariif ykn yeroo taphaafi bashannanaaf sagantaa baafachuun barbaachisaadha.
- Maatii gidduutti aadaan jechoota gaariifi waljajuu akka jiraatu jajjabeessuu.

- Miseensota maatii gidduutti walitti bu'iinsa marii ifa ta'eefi yaada walii kabajuun karaa nagaan waliin mariyachuu hiikuun barbaachisaadha. Dubbataarratti osoo hintaane dhimma ka'erratti xiyyeeffachuu.
- Ijoollee dhiiraafi dubaraaf kunuunsa walqixa kennuu. Akkasumas, kornayaa lamaanirraayyuu hojii manaan, barumsa isaaniin... Waanuma walfakkaatu irraa eeguu.
- Ijoollee yommuu urmiin isaanii waggaa lamaafi walakkaa ta'urraa eegalee meeshaalee xixiqqoo akka kaasan ergamuurraa kaasee suuta suuta hojii mana keessaarratti hirmaachisuun maatii tajaajiluu baratuu danda'u. Kanaafuu, warri dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuun jaalaban, garuu hoggansa cimaan ijoolleen aadaa maatii ofii gargaaruu akka gabbifatan leenjisuun irra jiraata.
- Ijoollee xixqqoon waa'ee ijoollee naannoo isaanii jiranii beekuuf kan fayyadaman ija isaanii, gogaa, funyaanifi afaanidha. Kanaafuu, warri/guddistoonni walitti dhufeenya daa'imman waliin qaban cimsuuf qaamata miiraa daa'immanii bu'uura godhachuun barbaachisaadha.
- Warri /guddistoonni daa'imman waliin walitti dhufeenya uumuuf ykn jabeessuf sagalee jaalalaaf kunuunsa qabu agarsiisun faayidaa guddaa qaba.
- Ijoolleef xiyyeeffannoo guutuu kennuun dhaggeeffadhaa. Miseensonni maatii hundi yaadaafi miira isaanii bilisummaan akka waliif qoodan jajjabeessuu.
- Ijoolleef yeroo addaa (kan gammachiisuufi caabatti kan walitti dhufeenya cimaa uumuuf gargaara.
- Warri walitti dhufeenya ijoollee isaanii waliin qaban sakatta'uun rakkoowwan jiran sirreessuufi walitti dhufeenya gaarii itti fufsiisuu qabu.
- Hawaasa keenya biratti kunuunsa daa'immaniitiif ollaan baay'ee barbaachisaadha. Ollaan kunuunsa daa'immaniif deeggarsa olaanaa gochuu nidanda'u. Ollaa keenya waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuun kunuunsa daa'immaniif itti gaafatamummaa jiru qooduuf fayyada. Haata'u malee, amala namoota olla keenyaa sirriitti beekuu qabna.

Mariyachiisaa

Walitti dhufeenya gaarii miseensota maatii gudduu kan guddina dansaa ijoolleef murteessaa ta'e ijoolleefi mijeessuufi ijoolleen namoota isaaniin walquunnamanirraa hubannaafi kunuunsa barbaachisaa ta'e kan argatan ta'uu mirkaneessuun itti gaafatamummaan kan maatiia/guddistootaati.

Ijoolleen waggoota dheeraaf walitti dhufeenya gaarii osoo hinqabaatin guddatan yommuu ol

Walitti dhufeenya miseensota maatii keenya gidduu jiru akkamiin madaaluu dandeenya?

Warri walitti dhufeenya walii isaanii gidduuttis ta'e ijoollee isaanii waliin qaban madaaluun sirreessuun nibarbaachisa.

Miseensi maatii namoota gurguddoo maatii keessa jiran gidduutti ykn ijoollee waliin walii galtee mirkaneessuu dhadhabe tokko maatii gidduutti wanti guddaa tokko akka hir'ate itti dhaga'amu danda'a. Yommuu kana namni dhuunfaan sun maatii isaarraa fagaachuu jalqabuu nimala. Fakkeenyaaf, nyaata alaa nyaachuu, sababa uumun manaa ba'uu, yeroo boqonnaa manaa alatti hiriyoota isaa waliin taphachuu ykn yeroo ofii mana dhugaatitti dabarsuu amaleeffachuu nidanda'a. Mallattoowwan hinbaratamiin kunniin yoo mul'atan walitti dhufeenyi gaarii maatii gidduu jiru caalaatti akka laafuufi guddina daa'immaniif gufuu ta'uu isaanii beekuun gochoota akkasiirraa mataa ofii qusachuun gaariidha.

Haala ofiifi maatii ofii gamaggamuun dhimma miira badaa nutty uume ilaalchisee maatii waliin mariyachuun falli akka argamu yaaluun barbaachisaadha.

Walitti dhufeenya maatii kiyya keessa jiru gaarii miti jedhanii yoo gamaggaman marii ifaafi walkabajuurratti hundaa'e gaggeessuun wantoota jiran sirreessuuf tarkaanfii fudhachuu qabdu. Fala argachuu yoo hindandeenye garuu ogeeyyii naannootti argaman mariisisuun nibarbaachisa.